# ADDA BILISUMMAA OROMOO


OROMO LIBERATION FRONT

موروأ ريرحت ةهبجو


Gaafa: 05-11-2013 خيراتلا
Date:

Lakk.: 06/stm-abo/2013 مقر
No.:

**Waggaa 8ffaa Fincila Diddaa Gabrummaa (FDG) ilaalchisee**
**Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo**

Farreen dimokraasii, bilisummaa fi walabummaa, sirna abbaa irrummaa fi cunqursaa diriirfatan tikfatuuf, akkasumas kanneen kabajamuu mirga sabootaa dura dhaabbatan gaaffii ummatootaa ukkaamsuuf shira adda addaa raawwatu. Danda'an dhaamsuuf dadhaban ammoo ukkaamsuuf tooftaa gara garaatti fayyadaman. Humna waraanaatti gargaaramuun dhaabamsiisuu, duula qoor-qalbiin ummata hamilee cabsuun qabsoo irraa fageessuu, gaaffiin ummataa kan deebii argate fakkeessanii dhiheessuu fi ololuu, dabrees gaaffiin ummatootaa akka hin jirretti haaluun sirna isaaniin utubame jireessuuf carraaqan.

Sadarkaa dammaqinsi ummatootaa irra gahee jiruu fi guddinni teknolojii shira cunqursitootaa kana saaxiluu irratti qooda ol aanaa kennaa kan jiru tahu illee, abbootiin irree garuu gaaffii haqaa ummatootaaf deebisa malu kennuu irraa ammayyuu isaanii tooftaa dulloomaatti dhimma bahuun jiraachuuf yaalii godhaa jiraanii argama. Qabsoo bilisuummaa ummata Oromoos haalli akkasii irra deddeebi'ee mudatuu agarra. Addatti ammoo haala bara 2005 empaayera Itophiyaa keessatti mul'ataa ture of booda deebi'uun kan ilaale QBOn shira diinotaan xaxamuun dhageettii irraa fagaataa dhufuu hubata. Shira diinotaa kana fashalsuun QBO dhageettii akka horatu taasisuuf ABOn Sadaasa 9, bara 2005 ummata Oromoof waamicha dhiheesse. Ummatni Oromoos waamicha ABO irraa dhihaateef deebii kennuun guutuu Oromiyaa keessatti fincilli diddaa gabrummaa bifa qindaawaan eegale. Bara 2005 irraa jalqabees guyyaan kabajamaa fi lammiiwan Oromoo kitimaa irratti tahan kun wagga waggaan biyya keessaa fi alatti boonaan yaadatama. Yaadatuu qofas osoo hin taane guyyaa, kan keessa dabrame itti gamaaggamatuun isa dhufuuf caalaatti itti qophaa'amuu fi hawwii ummata Oromoo bakkaan gahuuf waadaan itti haaromsamu tahaa dhufuun haqa mul'ataa dha.

Akeekni fardii fi hangafti FDG bara 2005n itti labsamee, filmaata bara sana adeemsisameen gaaffiin ummata Oromoo waca mootummaa fi mormitoota gidduutti uumame gidduutti ukkaamamee waan tureef ukkaamama jalaa baasuun dhageettii akka argatu taasisuu dha. Filmaata walabaa fi dimokraatawaa hin taane alas adeemsifameen falammiin mootummaa Wayyaanee fi mormitoota gidduutti uumame gaaffiilee ummatootaa irratti kan gaaddisa uume tahuun hin dagatamu. Humnootni lameen wal dura dhaabbataa turan haala itti bahiinsa filannoo jedhamuu irraa uumameen gargaaramanii gaaffii ummatootaa qarqaratti dhiibuu fi mirgoota argaman dachaasuuf yeroo itti carraqan ture. Lameenuu kan wal dura dhaabbatan dantaa biyyaa fi ummatootaaf osoo hin taane, bittaa jiru itti fufsiisuu fi sirna qabsoo ummatootaan unkutaa'e deebisanii ummatoota irratti fe'uu kan akeekkate tahuunis hin dagatamu.

Ololaa fi waca diinotaa irra aananii gaaffii ummata Oromoo golgame ifa baasuuf labsa dhaabaaf deebii quubsaa kennanii FDG kan finiinsan, fincilli eegale akeeka isaa akka guuttatu kan dandeessisanii fi qooda irraa eegamu gumaachan hundi har'a kabajaan yaadatamu. Dhiigni lammiiwwan Oromoo akeeka kana irratti dhangalaafame firii horatuun isaa Oromoo fi firoottan qabsoo Oromoo biratti kan yaadatamus boonaani.

FDGn 2005 eegale kun kana malees kan diina rifaasisee fi dhiphuu seensise qofa osoo hin taane, gaaffii

ummata Oromoo irra tarkaanfatanii empaayera Itophiyaa keessatti nagaa waaraa fi amansiisaa argamsiisuun gonkumaa kan hin danda’amne tahuu diinotaaf ifatti mirkaneessuu danda’uun qaphxii biraa osoo hin kaafamin bira hin dabramnee dha.

Injifannoolee Fincilli Diddaa Gabrummaa argamsiise kunneen  wareegama qaalii gaafatan. Lammiiwan Oromoo addatti ammoo dargaggoon Oromoo gaafatama seenaa irra jiru bahatuuf jecha durummaan hiriiree wareegamni baase akka fakkeenyaatti kan kaafamuu fi galmee seenaa keessatti cululuqaa jiraatuu dha. Fincila kana Oromiyaa mara keessatti finiinsuuf dargaggoon wareega lubbuu baasaniiru. Har’as baasaa jiran. Jumlaan mana barnootaa irraa ari’amuu, hojii dhorkatamuu, biyyaa fi ummata isaanii jaallatan keessa akka hin jiraanne taasifamanii biyyaa baqachiifamuu, waliigala jireenya itti hadheessuuf tarkaanfiin namoomaan alaa fi diinummaa irratti fudhatamaa turee fi jiru gochaa diinotaa ajjeechaan alatti lammiiwwan  Oromoo irratti raawwatamanii dha.

Ha’a irra dhaabbannee finciloota bara 2005 irraa eegalee deemaa jiran yeroo yaadannu maal keessa jirra? essas geenye?  jennee ofii fi wal gaafachuun guddoo barbachisa. Gaaffiilee kanneen kaasuun qaphxiilee  ifaa fi qabatamaa haala har’a keessa jirru hubachiisan. Har’as taanaan ummatni Oromoo bakka barbaaduu fi hawwu akka hin gahiin jiru ittiin hubatna. Kana kan hubatuu fi qalbifatu ammoo  fincilaa fi qabsoo bilisummaaf adeemsisamaa jiru caalaatti finiinsuu fi babal’isuun dirqamaa fi murteessaa tahuu hubatuun itti hin ulfaatu.

Har’as taanaan dararamni ummata keenya irra diinotaan geessifamu dachaan guddifame malee irraa hin xiqqaanne.  Gaddaan alatti qee’ee fi lafa isaa irraa buqqaafama. Hamlee isaa cabsuuf sababoota dhuma hin qabneen jumulaan hidhaatti guuruun ammallee bal’inaan adeemsifamaa jira. Lammiin Oromoo barate hojii dhablummaan akka dhama’u taasisuun gochaa diinaa Oromoo irratti raawwatamu tahee itti fufee argama. Duula maqaa amantiin Oromoo irratti xiyyeeffatamee adeemsifamaa jiruunis lammiiwwan Oromoo lubbuu, qaamaa fi qabeenyaa itti dhabaa jiran.

Diina ummatni Oromoo ittiin wal qabaa jirutti dabalee  kanneen aangoo dhabanitti deebi’uu barbaadaniinis  akka diinaatti herregamuun ammoo yeroo kamuu caalaatti ifa tahaa jira. Mirgoota sabni Oromoo  qabsoo isaatiin hanga tokko kabajsiifate illee haqamee bakka kaleessaatti akka deebi’úuf shirri shiramaa jiru kan laafaatti ilaalamuu fi bira taramu miti. Mootummaan Wayyaanee ummata Oromoo akka diina duraatti fudhatee mataa ol qabachuu dhorkataa akka jiru, kanneen akka miseensa OPDO-tti isa jala hiriiran osoo hin hafne akka tuffatanii fi mirga heeraan qaban illee akka itti hin fayyadamne taasisuu fi aangoo murteessaatti akka hin dhihaanneef dhiibbaan godhamu hundi oggaa ilaalamu, mootummaa Itophiyaa kamuu biratti mirgi Oromoo kan hin kabajamne tahuu haala hin falamsiisneen mirkaneessa.

Walii gala haalli har’a ummatni Oromoo keessa jiru haala fincilaa fi qabsoo bilisummaa caalaatti cimsatuun roorroo kana of irraa qolachuuf yeroo itti tokkoomanii ka’uun barbaachisaa tahuu hubachiisuu dha. Fincilli diddaa gabrummaa Sadaasa 9, bara 2005 bifa qindaawaan adeemsfamaa har’a gahe daranuu hundee jabeeffatee fi bal’ífatee akka itti fufuu dandeessisuun filmaata jiran keessaa isa tokko. Mirgi ummata keenyaa dhiitamaa jiru kadhaan hin kabajamu. Kadhaanis hin argamu. Diddaan hin bitamnuu fi mootummaa mirga keenya hin kabajne jalatti hin bullu jedhanii finciluun kabajaas, mirgas argamsiisa.

Wareegamni jal bultii bittaa gabrummaa irraa eegalee gootoa Oromoon baafamaa jiru kan dhaabbatuu fi wareegamni baafame firii horatu lammiin hundi addatti ammo dhaloonni ammaa fincila itti jiru finiinsuun qofa. Ummatni Oromoo mirgaa fi kabajaa isaaf malu kan argatu qindaa'ee fi gurmaa'ee maalummaa isaa diinatti yo argisiise qofa.

Waan taheef, waggaa 8ffaa FDG yeroo yaadannu kanatti hamilee qabsoo irra jabaa horatnee, gurmuu keenya tokkoomsinee diina irratti fuulleeffatuun dirqamaa fi gaafatama qabsaawotaa fi sabboontota Oromoo maraa tahuu hiree kanaan ABOn yaadachiisa. Dabalees dargaggoon Oromoo haala akkaan hamaa fi ulfaataa keessatti fincilli adeemsisaa jiran dargaggoo fi ummata Oromoo kan boonsu tahuu hubachiisaa jabinaan akka itti fufan waamicha isaa dabarsaaf. Lammiin Oromoo bakka kamuu jiraatu FDG Qeerroon adeemsifamaa jiruuf dirmannaan isaa akka irraa hin xiqqaannee fi jabaatee itti fufu hubachiisa.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Sadaasa bara 2013